Akkam ooltta? Good afternoon.

Let me start by apologizing to those participants who don't understand the Oromo language because I will be delivering my presentation in Afaan Oromoo. I am doing so for a couple of reasons. First, the purpose of the conference, us we understand it, is to identify the challenges facing the Oromo struggle and to suggest ways forward so that the Oromo may consider our suggestions and recommendations. If that is the purpose, and not academic exercise, then it is no brainer to speak to them in a language they understand best – their own language. Second, I also find it easier to express myself in my language – the Oromo language.

Thank you.

Obboleeyyan ilmaan Oromoo, firoota Oromoo har'a asitti argamttan fi kanneen karaa addaddaa walgahii kana irraa qooda fudhachaa jirttan,

Hunda dura Obboleeyyan qophee kana qindeessanii akka nuti irratti argamnnee qooda keenya gumaachinu nu afreeran galateeffachuun fedha. Mareen akkasii, bakka Oromoon itti walga'u hundatti, kanneen akka waldaa hawaasaa, OSA, waldaa dargaggoo fi kkf keessatti irra deedeebi'ame osoo qindaa'ee qabsicha ni gargaara jennee yaadina.

Xalayaan afeerraa OACC irraa nu dhaqqabe haala yeroo ammatti QnBO keessa jiru erga xiinxalee booda akka irratti yaada keenya dhiheessinu nu gaafate. Akka xiinxal kanaatti: (1) Oromummaan naannummaa, gosummaa, amantiin gargar-ba'uun bakka bu'aa jira;

- Har'a sabin Oromoo saba hamileen cabe, kan of irratti abdannoo fi hirkannoo hin qabnne, kan abdi hin qabnne fi kan injifannoo qabsoo isaa irraa abdii kutate;
- Qabsoon hidhannoo QBO haala gaddisiisaa irra jira;
- Haala addunyaa waggoota dabran 20 keessa jijjiiramaa dhufe irraa toofttaa jijjiiree bu'aa buufachuu dadhabee qabsoon Oromoo qobxaa'ee jira;
- Dhaabin ABO kan qabsicha hoogganaa ture bakka hedduutti baqaqee, dhaabonni siyaasaa xixiqqoon hedduun uummamanii, diina irratti qabsaa'uu irra wal-irratti qabsaa'aa filatan;
- Bakka jirru hin beeknnu; gara itti deemaa jirrus quba hin qabnnu; Mul'ata (vision) hin qabnnu – afanfaajjii guddaa keessa jirra; jijjiirraa feesisa fi kkf...

Kan gaafatamnne, gara keenyaan kan dabre irraa baratamuu qaba kan jennu, dogoggoroota sirraa'uu qaban jennu fi furmaata akeeknnu akka armaa gadiitti dhiheessina.

Akkuma hubattan, rakkoo tokkoof furmaata akeekuu dura hundee rakkoo sanaa beekuun barbaachisaa dha. Kanaaf kan warri Inglizii "Rakkoon hundeen isii beekkamte, kan furmaata walakkaa argatee jedhu".

Haala mooraan QBO, yeroo ammaatti keessa jirtu kan siyaasaas tahe, diimplomasii fi qabsoo hidhannoo yoo ilaalle, diina jaarmaa qaramaa, humnna waraanaa fi deggersa mootummoota addunyaa hedduu qabu humnnaan biyya teenya qabatee jiru saba keenya irraa salphatti kaasuun kan danda'u hin fakkatu. Kun waan hedduu nu falmisiisuu miti. Dadhabina kanaaf sababin tokko duwwaa miti; sababa baayyeetu jira.

Akka nuti hubannutti, rakkooleen xiinxala OACC keessatti tarreeffaman hundi mallattoo (symptoms) dhukkuba qabsoo teenya qabateeti malee hundee isaa miti. Dhukkubni qabsoo teenya qabate hundeen isaa hedduu dha.

Isaan keessa matootiin (most important ones), akka nuti ilaalutti,

1. Qabsaa'ota Oromoo gidduutti, akeeka qabsoo ifaa ta'e qabaatuu hanqachuu fi irrattis yaada ititaan dhabuu dha.

2. Kanneen akeeka tokkof qabsoofnna jedhan gidduutti aadaan ilaa fi ilaameen rakkoo hiikkachuu dhibuu dha.

Qabxiilee xiinxala OACC keessatti tarreeffaman tokko tokkoon fudhannee yoo ilaalle, hundeen isaa qabxiilee lamaan tana ta'ee argina. Kan dabre irraa waan barannu fi fuula durattillee kan sadarkaa duraatti sirraa'uu qaban, dhimmoota kana lamaan fi kanneen isaanitti rarra'an ta'anii argina.

Nama dhimma kooti jedhee itti yaadeef, kun waan nama dinquu miti. Mee fakkeenyuma tokko fudhanne haa laallu.

Qabsoon bilisummaa qabsaa'aa fedha. Qabsa'aan ammo akeeka qabsaa'uuf fedha. Diina tokkummaan gurmaa'ee qabsaa'u injifatanii qabsoo bakkaan ga'uuf kan carraan argamu yoo tokkummaan jaaramanii qabsaa'an qofa. Tokkummaan qabsaa'otaa kan irratt hundaa'uu akeeka ykn kaayoo isaan bakkaan ga'uu fedhan irratti.

Dhimma kana hubachuuf ragaan guddaan haala amma QBO fi dhaaba ABO keessa jiru caalaa kan himuu hin jiru. Eega ABOn bara 2001 keessa adda-addummaa ilaalcha siyaasaa irraan kan ka'e, bakka lamatti baqaqee booda irreen Oromoo laaffachaa dhufuu hunduma keenyaatu amanna. Kunii fi kanneen kana fakkaatan saba keenya hamilee chabsuun, qabsoo hidhannoo qofaa osoo hin taane, qabsoo siyaasaa fi diiplomaasii dadhabsiisuun isaa kan ifatti mul'atu.

Har'a Oromoon qabsaa'ota dhabee jechuun hin danda'amu. Qabsaa'ota ni qaba. Kan hanqate, qabsaa'onni Oromoo akeeka ifaa fi ititaa qabaachu fi tokkummaan akeeka kana bakkaa gahuuf hojjechuu dha.

Gar-tokkoon akeekin qabsichaa uummata bilisa fi biyya walaba ofiin bulu mirakaneessuu dha kan jedhantu jiru. Mooraan tun, wal-gidduutti tokkummaa uummatee, dandeetti, beekumsa fi qabeenya isaa walitti kuusee sosso'uun qabsicha akka feesisutti geggeessuu hin dandeenye.

Keessattu, baroota kurnan dabran keessa, yaada fi toofttaan isaanii faffaca'aa waan dhufeef, yeroo diinni qabsichaa jabaachaa deemuu, mooraan kun garuu laafachaa dhufte. Jeequmsi ABO keessatti bara 2001 dhalatee, dhaabicha gargar baqaqsuun, laaffina QBO kanaaf qooda guddaa akka gumaachee akka ragaatti kaasuun ni danda'ama . Baqaqa ABO kanaaf hundeen, kaayyoo bilisummaa ilaalchisee hooggana dhaabichaa giddutti yaadin ititaan dhibuu ture.

Hooggana ABO yeroos ture keessa hangi tokko, ABOn qabsoo hidhannoo toobbatee, qabsoo nagaan, sirna polotikaa Impaayerichaa keessaa qooda fudhachuun qabsaawee mirga hiree murteeffannoo ummatootaa mirkaneessuu ni danda'a jedhu.

Kanneen hafan ammoo, Sagantaa Siyaasaa fi Heeri ABO hanga har'aatti dhiiga fi lafee qabsaawotaan tiksame, fulduratis hanga bilisummaan dhugaa mirkanawutti tiksamuu qaba jedhu. Toorri kun kan jedhu, muuxxannoo addunyaa fi kan Oromoo irraa kan baratamuu qabu dinni gonkuma yoo dirqame malee mirga cunqurfamoota fedhii isaan kennee hin beeku. Kanaaf, qabsoon siyaasaa, kan diploomasii fi kan hidhanno itti fufuu qaba jedhu.

Caalaatti, addaddummaa ilaalcha siyaasaa kana kan hammeesse, obboleeyyan yeroo dheeraaf dhaaba kana keessa turan, abdii kutannoo argisiisuun"haalli addunyaa jijjiiramee jira; gaaffiin akkasii yeroo ammatti addunyaa keessatti fudhatama fi deggersa hin qabu" jechuun yaada miseensota fi deggerstoota dhaabichaa faffacaasuu labsaa turan.

Gabaabatti, kan hubachiisuu barbaadnnu, qabsaa'ota gidduutti akeekin ifaan yoo hin jirre tokkummaan ilaalcha siyaasaa jiraachuu hin danda'u qabxii jedhu.

Akeeka qabsichaa irratti yaada ititaa dhabuu irraan kan ka'e, moraa kana keessatti, jeequmsa fi dadhabinaatu mul'ata. Osoo ofii isaanii gidduutti yaada ifaa fi ititaa hin qabaatiin, jarmaa isaanii qaranii diinatti bobba'uu waan dhabaniif, sabichaaf hamilee kennuu hindandeenye. Gabaabaatti, haalli kun, miseensota dhaabota siyaasaa keesatti mamii fi afanfaajjii fiduun deggertoota akeeka qabsichaa keessatti hamilee caphina fide.

Gara biraan, kaayyoon qabsichaa, Impayericha dimookratessuun achi keesasan mirga Oromoo argamsisuu ta'uu qaba warri jedhan jiru. Mooraan kun, jaarmota fi abba-tokkoota Oromoo walaba ta'an, kanneen heera Impaayerichaa fudhatanii, biyya keessa sosso'aa jiran fi kanneen biyya alaa taa'anii ifatti ha ta'uu dhoksaan ilaalcha kana babal'isan hammata. Isaanis, tokkummaan sosso'anii, wayyoomina argisiisuu waan dadhabaniif sabin Oromoo abdii akka irraa hin qabnne beekkamaa dha. Keesattu, "project"iin saanii kun yeroo hedduu yaalamee kan dadhabame ta'uun isaa beekkamaa dha.

Gabaabatti, ilaalcha siyaasaa kana lameen irratti yaadin qabsaa'ota Oromoo bakka lamatti hiramuun, tokkummaa qabsaa'otaa irratti dhiibbaa guddaa qabaachuun tokkummaaf gufuu ta'ee QBO haalan inni amma keessa jiruuf saaxile.

Yoo gad-fageessinee ilaalle, sagantaan jaarmaa, kan siyaasaa, kan diiplomaasii fi kan qabsoo hidhanno ykn kan naga'aa kan irratti hundaa'u, kaayyoo bakkaan gahuun fedhamu irratti.

Akeeka bakkaan gahuu fedhan irratti walii-galteen yoo hin jirraamme qabsoo akkamii akka geggeessan irratti waliigaluun hin danda'amu. Waan feedhan sagalee tokkichaan dubbachuu dadhabuun jaarmota Oromoo, firaa fi diina Oromoo qofaa osoo hin taane, Oromootallee afanfaajjessaa jira. Kanaaf, "akeekin keenya maal ta'uu qabaa?" gaaffiin jettu Oromoota irraa dhaga'amaa jirtti. Alagaan illleen "Oromoon maal barbaadaa?" gaaffii jedhu gaafachaa jira.

Yaadin akkas wal-irraa fagoon lama wal-falmaa jiraachuun qabsoo keenyaa keessatti afanfaajjii uumuu fi tokkummaa qabsaa'otaaf gufuu ta'uun QBO sadarkaa inni amma irra jiruun akka gahe hubatamaa dha. Ha ta'u malee, kun, Oromoo irratti hin jalqabamnne – kanaaf baayyee nu dinquu hin qabu. Kan hubatamuu qabu garuu, rakkoolee qabsoo keenya qancarssan keessaa akeeka qabsichaa irratti qabsaa'ota gidduutti yaadin ititaan dhibuun isa dura fi mataa tahuu isaa ti. Hamma kaayyoo kana lamaan gidduu tabachuun dhaabbatutti, keessattuu kanneen saba bilisa fi biyya walaba argamsiisuuf qabsoofna jedhanii labsan gidduutti, afanfaajjiin amma jiru furmaata argatee, tokkummaan qabsaa'otaa jabaatee, qabsoo gaggeessuun rakkisaa ta'a.

Asi irratti gaaffiin ka'uu danda'u, "kanneen moora addaddaa keessa jiran kaayyoo irratti waliigaluu dhabuutu tokkummaa dhowwate yoo jennae; kanneen mooraa tokko keessa jiran hoo maaliif tokkummaa dhabanii"? Gaaffiin kun qabxii gufuu tokkummaa lammaffaatti nu geessa. Innis, jaarmota Oromoo gidduutti aadaan addaddummaa ilaalcha siyaasaa mariin hiikkachuu dadhabuutu argama. Kun dhaabota gidduutti qofaa osaa hin taa'ne, dhaabota keessattillee rakkoo guddaa ta'ee mul'ata. Kun dhimma yeroo addaddaatti jaarmota siyaasaa Oromoo addaan qoqqoode tahe argma.

Hundee tokkummaa dhabuu qabsaaota QBO kana qofaa miti. Isaan kun garuu warra angafoota jennee ilaalla.

Kan irraa baratamu fi kan sirraa'uu qabu jennee dhiheessinu akka armaan gadiitti:

1. Akeeka ifaa irratti yaada ititaa dhabuun, haala inni itti QBO saaxile hubachuun waan baratamuu qabu keessaa isa duraati. "Self determination" (Hiree ofii offiin murteeffachuun) mirga sabaa ti. Akka akeeka qabsootti garuu gaaffii inni deebisu caalaa kan inni kaasutu baayyata. Kanaaf akeeka ifaa dha jechuun hin danda'amu. Kana irraa barachuun akeeka ifaa irratti ijaaramuu feesisa.

2. Kan akka filmaata biraatti yeroo adda-ddaatti dhihaachaa jiru, Itoophiyaa dimookraatessuun mirga Oromoo achi keessaan argamsiisuu yaadin jedhu, yeroo adda-ddaatti yaalamee kan dadhabame ta'uu hubachuu barbaachisa. Kanneen akeekin qabsichaa Impaayera dulloome dimookraatessuu ta'uu qaba jedhan: (a) seenaa impaayerichaa dabre fi surrii mootummoota impaayerichaa xiinxaluun kun kan yeroo dhihootti hin danda'amnne ta'uu barachuun qabu. (b) Haala amma jaarmotnni Oromoo

3. Kanneen akeekin qabsichaa (mootummaa walaba fi saba bilisa) amma dulloomee jira; akeeka haaraaan bakka buusuu feesisa jedhanis ni jiru. Ha ta'u malee, akeeka haaraa jedhan kana ifatti hin himan. Cufaadhumatti, haala addunyaan amma keessa jiru keessatti fudhatama hin qabu jedhu. Kan isaan hin hubatin fi baruu qaban: (a) addunyaan yeroo kamillee – yoo dirqame malee - salphaatti gaaffii mirgaa keessummeessee hin beeku. Kan isaan seenaa irraa barachuu qaban, addunyaan gaaffii saba akeeka ifaa jalatti ijaaramaee sagalee tokkoon dubbatee, falmate, keessummeessuun isaa kan hin oolle ta'u dha. Kan addunyaan gaaffi saba tokkoo keessummeessuuf, sababa sabin sun mirga jedhame kana qabaateef osoo hin taane sababa sabichi jabaatee falmateefi. Osoo sabichi jaaramee, hidhatee, jaabaatee hin falmatin akkeeka falmatamuuf akka gufuutti dhiheessuun addunyaan akka itti hojjetu hubachuu dhabuu dha (b) Akeeka qabsoo saba tokkof madaalli inni duraa alagaan ni deggera fi hin deggeruu ykn ni jaalataa fi ni jibbaa osoo hin taane, rakkoo fi gaaffii ummattichaaf furmaata ni tahaa fi hin ta'uu dha. Dura akeeka lafa kaayyatanii isaaf tumsa horachuuf hojjechuu feesisa malee akeeka ofii yeroo-yeroon akka addunyaan ni fudhata jedhanii yaadanitti jijjiiraa ooluun furmaata hin ta'u. Kun akka gaariitti hubatamuu qaba.

Gama keenyaan, dhiimmota kana fi kanneen asitti kaasuuf yeroo gahaa hin argatin walitti qabnnee yeroo laallu, furmaatin irra geenye fi kan qaamota hafaniifillee akeeknnu isa faranjiin "back to basics" jedhu sana ta'a. Innis: Akeek ifaa "saba bilisa fi biyya walbaaf qabsoofnna" jedhu jalatti uummata Oromoo ijaaranii gurmeessuun qabsoo siyaasaa, kan diiplomaasii fi kan hidhannoo geggeessuu.

Kanaas bakkaan ga'uuf, tokkummaa qabsaa'otaa kan ilaalcha siyaasaa ifaa irratti hundaa'e argamsiisuuf caraaqaa turre, ammas itti jirra. Dhaabota yeroo ammaatti maqaa ABOn sosso'an lama wajjin dhaabicha akeeka ifaa jalattii dhinsinee, jabeessinee fi humnneessuuf mare jalqabnnee sadarkaa adda addaa irra jirra. Fedhiin keenya tokkummaa qabsaa'ota Oromoo hunda argamsiisuu yeroo ta'u, kun tarkaanfii isa duraati jennee laalla. Hawaasin Oromoo sochii kana milkoomsuuf kan gochuu qabu:

1. Inni duraa, hawaasin fi jaarmonni Oromoo addaddummaan ilaalchaa siyaasa kun akka nu dadhabsiise hubachu qabu. Hamma yeroo dhihootti kana fudhachuu diduutu

mul'ataa ture. Kana fudhachuu dhabuun jaarmoota siyaasaa Oromoo qofaa gidduutti osso hin taane, hawaasa Oromoo keessattille (OSA dabalatee) jeqqumsa guddaa akka uume gaddaan yaadana. Hawaasich, yoo kana hubate furmaata itti barbaaduu danda'a. Kanaaf, dhimma kana akka garritti hubachuun furmaata akeekamu qabu keessaa isa tokko.

2. Inni lammaffaa, dhaabotni siyaasaa gidduutti aadaan addadduummaa siyaasaa mareen furachuu akka horatamu dhiibbaa gochuu qaba. Kun, haalaa hamaa ummatin keenya keessa jiru nama ilaaleef, furmaatni biraan hin jiru. Ba'aa sabicha irra jiru ilaaluun, garaa bal'atanii taa'anii mar'achuun kan halli yeroo gaafatu ta'ee argama. Barnootin yeroo dabre irraa arganne, diinni QBO fi alagaan qabsoo keenya meeshaa godhacuu barbaadu. Jeequmsa kanatti dhimma bahuun addaddumaa keenya bal'isuu fi QBO dadhabsiisuuf carrraa argatan. Ilaalcha siyaasaa gargar nu baase irratti xiyyeeffannee maree dhaan furmaata akka itti hin barbaadineef dhimmoota akka gaandummaa, amantii fi mata-mataan kan nu keessa facaasan baayyi'naan nu keessa bobbaasanii jiru. Oromoota qarooma hin qabnne, kanneen osoo hin beekin hammeenya diinaa kanaaf meeshaa ta'antti dhimma bahuun jibba fi nokkoroo addaddaa nu keessa babal'isanii jiru. Haalli kun, yeroo gabaaba keessatti furmaata isa dachaasuu yoo hin argatu ta'e, QBO faca'iinsa caalaaf saaxila. Injifanno hamma ammaatti dhiiga fi lafee jaallan keenyaan gonfannes balleessuf taa'a. Kanaaf kan aadaa addadduummaa ilaalchaa mareen hikkachuu horachuu barbaachisa kan jennuf.

3. Walitti haasa'uun qofaanis furmaata argamsiisa jechuun hin danda'amu. Murteessan kanneen walitti haasa'an ilaalchasaanii ifatti lafa kaa'uu fi dhiibbaa alagaa irraa bilisa ta'anii mar'achuu akka ta'e hawaasin Oromoo hubatee dhaabota siyaasaa isaa irratti dhiibbaa gochuu qaba. Maree irratti kan madaala nuuf ta'uu qabu, alagaan qabsoo keenya ni deggera fi hin deggeruu ykn ni jaalataa fi ni jibbaa osoo hin taane, rakkoo fi gaaffii ummata Oromoof furmaata ni tahaa fi hin ta'uu; ummatin Oromoo ni deggera moo hin deggeruu dha. Kana keessatti egaa furmaatin addaddaa akeekkamee kan irratti waliigalan tokkummaan akka hojjetan; kan irratti waliigaluu dhaban kara karaan hojjetan, fi fuula saanii gara-diinaatti akka deebisan dhaabota isaa irratti dhiibbaa gochuu qaba.

Waan na dhageeffataniif galatoomaa!

Abrahim Abbayyee

Miseensa GS-ABO